Har'a garuu yeroon arguun fuulli isaa daalachaa'ee, qaamni isaa huqqatee, rifeensi isaa dhadhaabbatee, ijji isaa holqa ijasaa keessa bu'een argeen. Anis rifadheen ija koo irra dhaabeen ilaaleen.

Innis haala ilaalcha koo irraa hubatee *'yaa ilma Ka'ab yeroon Madiinaa ture akkanatti na ilaaltee hin beektu. Har'a maaltu argamee jennaan akkanatti na ilaalta?'* naan jedhe. Anis wanta na dinqisiisee fi na rifachiise ittan hime.

Innis *'yaa ilma Ka'ab osoo anaa awwaalamee guyyaa sadi'iin booda na argitee hoo maal jechuufi? Boqoon koo gadi citee, qaamni koo tortoree, afaanii fi funyaan kootiin yeroo raammoon ba'u osoo na argitee silaa gadda har'a naaf gaddite caalaa naaf gaddita ture.'* Naan jedhee boo'icha hamaa keessa seene." Nuun jedha.

Halkan gaaf tokkoos osoo maatii isaatii waliin taa'anuu Umar ibnu Abdul'aziiz boo'icha hamaa keessa seene. Haati manaa isaas boo'icha isaa erga ilaalteen booda of qabuu dadhabdee isa waliin boo'ichatti seente. Haaluma kanaan maatiin guutuun dabareedhumaan boo'ichatti seene. Manni sun keessi mana boo'ichaa fakkaate.

Garuu Umariin malee maatiin kaan maaliif akka boo'aa jiranu hin beekanu. Erga boo'ichi sun qabbanaa'ee booda haati manaa isaa Faaximaan "Yaa Umar haatii fi abbaan koo siif haa wareegamanu. Maali wanti akkana si boossise?" jettee gaafatte. Innis *"Yaa Faaximaa guyyaa boriin yaadadhe. Guyyaa namni hunduu fuul-dura Rabbiitti walitti qabamu. San booda ammoo kaan gara jannataa kaan ammoo gara ibiddaa*

oofamanun yaadadhe." jedhee osoo haasawa ofii hin xumurin boo'ichaan bakka taa'urraa gaggabee lafarratti kufe.

Yaziid ibnu Hawshab waa'ee sodaa isaa yeroo dubbatu "Namoota ibidda Rabbii irraa akka waan jara qofaaf uumamteetti sodaatatanu Hasan Al-Basrii fi Umar ibnu Abdul'aziiziin malee hin argine." Jedha.

Beekaan Islaamaa Maymuun ibna Mihraan yeroo dubbatu "Halkan gaaf tokkoo Umariif irbaanni dhihaateefii jennaan nyaatee gad ciisee gungumuu eegale. Gungummii isaa sana keessattis *'Maal kun gabrichi abbaan garaa. kan garaa isaa jaallatu, kan hin qaanfanne. Garaa isaa jaal'ata. Garuu Rabbii isaarraa qubsuma warra gaggaarii hawwa.'* ofiin jechuu eegale. Yeroo xiqqoodhaan boodas fuula haguuggatee hirqinfataa boo'uu eegale." Jedha.

Xumura umurii isaa keessas taateen ajaa'ibsiisaan tokko uumame. Mee walumaan haa ilaalu.

Beekaan beekamaan abbaa qabsoo addunyaa Islaamaa Abdallah ibnu Mubaaraktu nuuf odeesse.

Guyyaa tokko Umar ibnu Abdul'aziiz abbaa murtii mana murtii bulchiinsichaa kan ta'an Muhammad ibnu Qays waliin taa'anii waa'ee bulchiinsichaa fi itti gaafatamummaa isaa osoo haasa'anuu Umar gar malee yaada keessa seene.

Rakkina hawaasicha irra ga'uu fi dhiibbaa amantaa irra ga'uufis itti gaafatamaan eenyuun akka ta'uu danda'u baasee buusee yaade. Sana booda suuta mataa ol qabatee...

"YaaMuhaamad ibnu Qays. Yeroon hariiroo gidduu koof gidduu bulchiinsichaa, akkasumas gidduu koo fi gidduu Rabbii kootii taa'ee yaadu bulchiinsa kana irraa du'ee kara Rabbii dhaquun filadha. Kanaafuu akka Rabbiin ofitti na fudhatu Rabbiin naaf kadhu." Jedheen.

Muhammad ibnu Qaysis rifatee gaaffii isaa qeebaluu dide. Umaris irra deddeebi'ee waan gaafateef Muhammad ibnu Qays tole jedhee kadhachuufii eegale. Umaris "aamin" jechuun boo'icha akka hamaa keessa seene.

Osoo akkasiin jiranu ilmi Umar inni quxusuun xumuraa duubarraan dhufe. Boo'icha abbaa isaa argee boo'uu eegale. Muhammad ibnu Qaysis ilmi isaa waan dhufeef dhaabuu barbaade. Ilmi isaas dhimmicha waan bareef isaafis akka kadhatuuf itti himate.

Muhammad ibnu Qays yeroo dubbatu akkas jedha "An jalqaba dhaabuuf yaaleen ture. Garuu ilmis akkas naan jennaan tole jedheen ittuma fufe. Gochi abbaa fi ilmaas na hinaafsisnaanan ofiifis dabaleen kadhadhe." Jedha.

Egaa yeroon du'a Umaris guyyaa sana irraa hedduu achi hin fagaanne. Garuu wanti dinqisiisaan dabalataa osoo jiraatee abbaa fi ilmi(umarii fi ilmi isaa) akkuma Rabbiinkadhatanitti yeroon du'a jaraa wal-duukaa ture. Kana malees hedduun

kan kitaabban seenaa irratti barreeffaman ni jiru. Kanaafuu bal'inaan achirraa argachuu ni dandeenya.

Mee amma ammoo haqummaa keessatti hoo maal fakkaata isa jedhu haa ilaallu.

•••••

❖ Haqummaa[52] isaa.

Haqummaan ulaagaalee bulchaa bulchiinsa gaarii tokkoof barbaachisan keessaa isa ijoo fi irraa hafiinsi gonkumaa hin danda'amne dha. Bulchiinsa gaarii tokko keessatti haqummaan bakka qaama nama tokkoo keessatti lubbuun qabu qabaata. Sana jechuun bulchiinsi gaariin haqummaa malee jechuun qaama lubbuu malee jiruun tokkicha jechuu dha.

Bulchaan tokko bulchiinsa isaa keessatti ga'umsa hedduu qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee haqummaa yoo hin

---

[52]**Hubachiisa** ;- kan nuti bakka kanatti fayyadamaa jirru **(fitih = afaan amaariffaatiin, adlii = afaan arabaatiin)** ture. Haa ta'u malee hiikni jecha kanaa qabiyyee jechoota afaan Oromoo keessatti hin argamu. Kanaafuu jechoota afaan Oromootiin jiranu keessaa kan daran hiika jecha kanaatti dhihaatu fayadamuun keenya dirqama. Jechoota afaan Oromoo keessaa kanneen akka **haqummaa, wal-qixxummaa, ...** fi kanneen biroos hiika jecha kanaatiif dhihoodha jedhamanii yaadamu. Kanaafuu jechoota kanneen keessaa akka yaada kootti hundumarraa haqummaan daran itti dhihaataa waan natti fakkaateefan jechicha fayyadame.

qabaatin haqummaa dhabuu isaatiin qofa ulaagaalee barbaachisoo ta'an hedduu dhabuu danda'a.

Fakkeenyaaf; - haqummaa hin qabu taanaan ulaagaalee akka jaalala ummataa, sodaa Rabbii, amanamummaa fi kanneen biroos dhabuu danda'a. Kana jechuun ammoo ulaagaa ijoo ta'e tokko dhabuudhaan ulaagaalee hedduu dhabuudhaaf saaxilama. Sun ammoo bulchaa sanas ta'ee bulchiinsicha balaa hamaadhaaf saaxiluu danda'a.

Beektonni tokko tokko yeroo dubbatanu ulaagaalee jiranu mara keessaa haqummaadhaan kan dorgomuu danda'u akka hin jirre nuuf himu.

Kana malees haqummaan laafinaa fi jabina bulchiinsa tokkoos ta'ee ummata tokkoo kan murteessuu danda'u ta'uu nuuf ibsu.

Kanumaan wal qabatee "bulchiinsi tokko hanga fedhe jabinaa fi humna ga'aa qabaatullee haqummaan hin bulchu taanaan dhaloota hamaa bulchiinsa isaa sana barbadeessuu danda'u itti ramada. Ummannis haqummaa argatee yoo seeraan itti fayyadamuu wallaalee daangaa ofii dabarfate Rabbiin bulchaa hamaa itti ramada." Jedhanii nuuf himu.

Barbaachisummaan haqummaan bulchiinsa tokko keessatti qabaatu guddaadha. Sababni isaas yoo haqummaan jiraate hariiroon gidduu bulchaa fi hawaasaa.Akkasumas gidduu bulchaa fi gooftaa isaa jiru gaarii ta'a. Sababni isaas ammoo

gaarummaa bulchaa bulchiinsa sanaatiin gaarummaan hawaasa sanaa mirkanaa'uu waan danda'uuf.

Kanumaafi kan Imaamu Ahmad Ibnu Hanbal *"Osoo Rabbiin kadhaa tokko qofa kallattiidhaan narraa qeebaluu baree silaa ofii dhiiseen bulchaadhaaf kadhadha. Sababni isaas yoo inni tole hawaasichatu tola."* jedhanii kaayaniif.

Egaa mee amma ammoo bulchiinsa Umar fi haqummaa bulchiinsa isaa keessatti argamu walumaan haa ilaallu.

Jalqabumarraa muudamee yeroo xiqqoodhaan booda. Namoonni badiyyaa keessatti horsisee bultoota ta'an carraa ittiin waa'ee bulchiinsaa dhagahanu hin qabanu ture. Garuu yeroo sanatti "bulchaan haqummaadhaan bulchu wa'ii muudameera." Jedhanii dubbatu ture. Namoonni dhimma kana dhagahanis akkamittiin akkas jechuu akka danda'an yeroo gaafatanu "bulchaan haqaan bulchu yeroo muudamu leenci gaalaa fi horii keenya nyaachuu dhaaba. Jeedallis re'ee keenya nyaachuu dhaabdi." Jedhanii himani.

Taatee kana namni Jasrul-Qisaab jedhamu tokko ijaan arguu isaa yeroo nuuf mirkaneessu "bara bulchiinsa Umar ibnu Abdul'aziiz keessa guyyaa tokko osoon imalarra jiruun tuuta horsisee bultootaa tokkotti dhufe. Yeroon fagoorraa ilaalu re'oota jaraa keessatti wantoonni saroota fafakkaatanu 3 dhaabbatanii turani.

Anis saroota maliif akka itti fayyadamanu yeroon gaafadhuun saroota akka hin ta'in fi jeedala akka taates naaf himan. An amma dura jeedala argee hin beeku. Kanaafuu rifadheen 'akkamitti?!Re'oota hoo hin nyaattuu?! Jedheen gaafadheen. Namtichi an gaafadhes '*Yaa ilma koo mataan tolee jennaan qaamni kaan rakkina hin qabaatu. Bara bulchiinsa bulchaa haqaa keessa jirra kanaafi.*' Naan jedhe." Jedhee nuuf hima.

Bulchiinsi Umariin dura ture ummata irratti dhiibbaa kan geessisee fi qabeenya ummataas seer-maleedhaan kan sassaabbate ture. Umar ammoo qabeenya ummataa kanas abbootii haqaatiif deebisuu keessatti yeroo bal'aa itti kennee hojjechuun haqummaa isaa mirkaneesseera.

Namni Amri binu Zirri jedhamu dhimma kana yeroo nuuf ibsu. "Umar akkuma aangoo qabateen yaaddoo keessa seene. Anis maaltu akka isa yaaddessaa jirun gaafadheen. Innis '*Yaa Amri namni haala an keessa jiru kana keessa jiru akkamitti yaadda'uu dhiisa?. Qabeenyi an har'a irratti muudame kun qabeenya ummata irraa cubbuudhaan sassaabame dha. Kanaafuu qabeenya kana abbootiin haqaa osoo jarri nan gaafatin deebisuufiin narratti dirqama.*' Naan jedhe. Kallattiidhaanis hojiitti seene." Jechuun nuuf ibsa.

Bulchiinsi haqummaan guutame rakkina dinagdeetiifillee hin saaxilamu. Kanaaf ammoo taateen bulchiinsa Umar keessatti uumamaa ture ragaa guddaa nuuf ta'a.

Namni Amri binu Muhaajir[53] jedhamu "Umar haqummaa irratti hundaa'ee dinagdee ummataa guddisuu irraa kan ka'e. Hanga namoonni qabeenya guddaa gara keenya fidanii namni fudhatu dhabamnaan namoonni fidan sunneen fudhatanii deebi'anu ga'ee ture.[54]" Jedhee dubbata.

Kana malees haqummaan dhugaa bulchiinsa keessatti maal akka ta'e hubachuudhaaf taatee armaan gadii kana seeraan haa hubannu.

Umar wal-dhabbii gidduu hordoftoota amantaa Islaamaa fi amantaa kaaniitti dhalate bifa kamiin akka fure yoo ilaalle tarii amanuuf ulfaachuu dandi'a. Garuu seenaan hin jijjiiramus, hin haqamus.

Biyya Dimishqaa (Damaasqoo) keessatti Masjidni[55] fi Bataskaanni (mana waaqeffannaa amantaa Kiristaanaa) wal-maddii jiranu tokkotu ture. Lameenuu gar-malee walitti dhihaatoo dha. Bara bulchiinsa Waliid ibnu Abdulmalik

---

[53]Itti gaafatamtoota man-kuusa qabeenya ummataa keessaa tokko kan ta'e.

[54]Bakka kanatti garuu wanta tokko haa xiinxallu. Umar ummata bulchu sanaaf maal akka gumaache hubannee jirra. Haa ta'u malee Umar fi maatiin isaa jireenya akkamii akka jiraatan Mata-duree dabre keessatti akkuma ilaalle mata-dureelee fuul-duratti itti dhufnu keessatti kan ilaallu ta'a. Kanaafuu wal-bira qabuun haa xiinxallu.

[55] Masjidichi "Masjida Umawiyyootaa" jedhamuun beekama. Umawiyyoonni ammoo akkuma dura dubbannee dabarsine bara asana keessa gosa biyya bulchaa ture dha.

keessa mootichi bal'ina Masjidaatiif barbaadamnaan Bataskaana sana irraa hanga ta'e diigsisuun Masjidatti dabale.

Yeroo sana mootichatti namni dubbatu waan hin turreef martuu jaal'atanis jibbanis dirqama taatee sana tole jedhanii fudhatani. Barootaan booda ammoo barri bulchiinsa Umar ibnu Abdul'aziiz qaqqabe. Haqummaa isaatiin addunyaan isa bareera. Kanaafuu hordoftoonni amantaa Kiristaanaa kan biyya Dimishqaa jiraatanu walii galanii qaama dhimmichi ilaallatutti iyyatani.

Manni murtiis iyyaticha ilaaluun gochichi ta'ee darbe sirrii akka hin turre amanuun garuu amma diiguun waan hin mijanneef kafaltii maallaqaa fi bakka buusa iddoo keessaa akka filatanuuf filannoo jaraaf dhiheesse.

Umar garuu akkuma dhimmicha dhaga'een rogni Bataskaana irraa diigamee Masjidatti dabalame diigamee akka haqni jaraa deebifamuuf ajaje. Namoonni hedduun dhimma kana irratti jara waliin jaarsummaan taa'amee filannoo lamaan dhiheeffameef keessaa akka ta'uuf Umariin haasofsiisanii turani. Garuu Umar haqa jaraa waan ta'eef fedhii jaraatiin ala filannoo jaraa daangessuu akka hin dandeenye jala muree dubbate.

Qaamni roga Masjidaa sana diigus ergame. Qaamichis diiguuf qophii xumuree yeroo tarkaanfiif deemu. Xumura irratti abbootii haqaa kan ta'an hordoftoonni amantaa